Public Health
Seattle & King County

Haqa Sabootatiin Ooganuu King County keessati

Waxabajjii 11, 2020, Hojii-Gaageessan King County, Dow Constantine, akkasumas daareektariin fayyaa hawaasaa Patty Hayes, sanyummaan akka balaa fayyaa hawaasaa ta'uusaa labsan. Yaamicha raawwii hawasaa irraa dhagahaniin akkasumas fala ykn murti kahaniin, guutuun King County akka sadarkaa ol'aanatti tohatamu godhan.

King County tiin murateet (waadaa galeet) jira, akka qarqarsa barbachisu kan walqixummaan miidhaa sanyumaan fidu ittisuf, akkasumas hojii hojatamuu qaban maraa hojachuuf, yeroo dheeraa keessati jijiramni qabataamaan akka dhufu uumuufi dhiibbaa godhu.

Waadawwan kun safuu armaan gadii irratti kan huundaayedha

- Itti yaaduun farraa sanyummaa tahu ykn sanyummaa jibbu.
- Waantota warra guraachaf dhalatoota biyya kanaa bifa alluu (warra adii hintaane) (BIPOC) haalan miidhan irratti Xiyyeefachuu
- Sagaleefi muuxannoo jireenyaa warraa (BIPOC) jiddu galeessa godhu.
- Walqixumman deebii keennuu, halaa wajjiin deemuu ykn madaqu, iftoomina qabaachuu, akkasumas itti gafatamummaa fudhachuu.
- Hundee rakkinna haq-maleessummaa fi walqixa dhabuu sanyiif deebii kennuu.

Labsii kanaa as, walii galtee warraa seera kana jijiruuf dalagan,miseensota hawaasaa fi dalagdoota guutuu bulchiinssa ykn moottumma King County wajjiin, Hojii-Gageessan Constantine qarqaba karoora wallitti qabuudhan akka jijiramni heerri fi seera yakkamtootaa ilaalu (criminal legal system), akkasumas fundi ykn mallaqni dalagaa sanyumman balaa fayyaa hawaasaa tahe kana akka halaa itti fufinsa qabun dura dhabatan tahee jira.

Ar'aan tana, Hojii-Gaageessan King County, Dow Constantine, bakka ijoo irrat dalagamuu qabuufi jijirama (reforms) barbaachisu kan waa'ee akkattaa yakkamtoota seeraan laalan (criminal legal system) ilaaluufi, fundiin dursaa dalagaa farraa sanyumma kahame jira. Ajandaan imaamataa baldhaan erga bajatni torban dhuftu beeksifamee booda galaakifama.

Karoorri bajata bara 2021-2022 kan xiyyeeffatu waaee jijirama akaata seera yakkaa, namoota irra deddebi'aani yakka dalagan ir'isuuf, akkasumas hirmannaa dargageesaa fi namni gurguddan mala yaakkaa xumura itti godhuuf, karaa akeekawwan/models/ nageenya hawasaa filannoo biraatin guddisuuf fi hojii irra olchuun, , hawasa waliin tahanii fala uumuudhan, dalagaa dhaabatoota hawaasa bu'ura godhatee deemaa jiruu maallaqaan gargaarudhaafi dalagdoota BIPOC qarqaarudha.

Bajatiin safuu calaqisiisa. Karoorri bajataa bara 2021- 2022 dhihaate, misooma yaada walqixxummaa haqaa jajabeesu fi feedhii warraa gurrachaa fi dhaltoota biyya tana bifa alluu tahan, King County keessati akkan miidhaniif gargaarsa qabeenyaa kan dursiisu dabalata.

Baajata bara 2021-2022 fi Qajeelfama Bu'uraa Imaammata Qopheessuu

- Haqa sanyumaatin oogganuu, sageeleefi muuxanno waaraa akkan dhiibbamaniin dursisuu

- Sadarkaa murteen keessatti kennamu maratti akka guraachi, dhalatootni lafa tanaa , akkasumas ummata bifa alluu bakka bu'ummaa akka argatan mirkaneessuu.
- Fundi ykn mallaqa poliisaafii mana hidhaatiif bahu gara investmentii hawaasati akka bahu godhu.
- Dhaabolee hawaassa bu'ura godhataniif warra waliin dalagan irratti maallaqa baasuu.
- imaammata hawaassummaati fii dursa bajataatiin masakamuu.

Karoorri bajataa County yeroo amma kun wanti dabalatu kaffalti qabdii yeeroo dheeraaf tahu kaffaluufi akkasumas dalagaa County keessati jijirama dhaabbataa tahe kan farraa sanyummaa duursu fi safuu calaqisiisu dabalata. Marsaa bajataa baayyee keessati, tattaffin kun qabeenya rakkina jiru ykn argamee irrat bahu irraa, gara sagantaawwan odoo rakkinni hin argamin durati dalaganiif keenna ykn oolcha.

Galoon isaas sochiiwwan hawaasaa jajabeesuudhan barbaachisummaa jidduu seenuu/galu/ fuunduratti dhorkufii ykn hanbisuuf akkasumas nageenya hawaasaa jajabeesudha. Sosochiiwwan yeroo dheeradhaaf godhaman qabeenya akaataa/system/ haqa hinqabne, imammataa fi sagantaawwan hawaasa BIPOC miidhan irraa fuudhuun akka qabeenyi kun sagantaawwan hawaasaatiifi ittisaa irra oolu godhudha.

Tokkoon tokkoon bajatin karoorfame, Hojii-Gaggeessan King County, Dow Constantine, qooda qabeeyyif miseensota hawaasaa gara garaa irraa gumaachaa yaada barbaada. Haatahu malee, karoorri torbee dhuftu dhihaatu barruu jalqaabaa/draft/ ariiti fi walgargaarsan barreeffame, keessatuu jijjiiram akkaataa seera yakkaatif dalagaa farra sanyummaa dursiisuu ilaalchisee.

Bajatiin kun yaada qajeelcha sadi kan ammateedha. Mallaqa waan bu'aa qaburrati baasu, abbummaa dogachuufi deebisanii xinxalluudha.

Tarkaaffiwwan Bajata bara 2021-2022 keessaa wanti dabalataan:

- Galii taksii mariiwaana irraa galu doolara milliyoona 4.6 gara sagantaa kanaatti garagalchuu.
- Akkaataa ykn karaa hawaasa deebisanii jajabeessan irrati doolaara miliyoona 6.2 baasu.
- Doolaara 750,000 baasuun akkaatan nageenya magaalota King County keesa jiran eegumsa filmaata argantan qopheessuu fi dalagaa irra oolchuu.
- Namoota hidhaman lakkofsa isaani gabaabsuu itti fufuun doolaara milliyoona 1.9 hanbisuu
- Akka naannotti haala jeequmsa qawwee ittisuu danda'aan irrati doolara 600,000 baasu
- Doolara miliyoona 2.7 basuudhaan yakka hamaa yeroo duraatif mana murtiiti himatamu jijiruu, tajaajilaa adda addaa keenuudhaan akka yakki deedebi'amee hindalagamne cabsu ykn godhu
- Giddu galeessa hawaasaa Skyway irrati mallaqa baasu
- Dirqii gatii Meetiroof kaffalamu bifa biraatin ilaaluu

Inveestimantoota kana otoo gochaa jirruu furmaattota hawaasan durfaman waliin deebifnee uumuf fayida irra oolchuu itti fufna.

Public Health
Seattle & King County

Odeeffannoo karoora kanaafii karoora biraatif qooda King County waadaa walqixummaa hawaasa caalatti fiduudhaaf galte ta'an dabalataan baruuf Executive Press Release dubbisaa.

Labsiiwwan ykn ibsiwwan koroora bajata bara 221-2022 kan Hojii-Gaggeessan Constantine miseensota mana maree King County sirna haasawa Fulbaana 22 godhi irrati ni dhiheessa

Labsii bajataa Fulbaana guyyaa 22 kanati aanee, gareen King County tokko kan hawaasa fii dhaabolee hawaasa hirmachisee, yaada karooraa dhihaate kana irratti akka yaada gumaachan gafatan, akkasumas hala walqixumma hawaasa gara fuula duraatti waliin oofan irrahis mari'atan.

Sadaasa keessa, manni maree King County bajata hinmirkaneessa akkasumas karoora kam akka fudhatus ni murteessa.

Caasaa Imaammataa:

Imaammatni dhimma barbaachisadha,dhiibbaa lubbuu namaa irrati waan fiduuf. Mana baruumsaa irraa kaasee hanga tajaajila geejiba, daldala irraa waan jidduutti hafan cufa, qajeelfama akaataa imaammata uummataa, sagantaa fii tajaajila adda adda kan kallatiidhaan miseensota hawaasa King County walqabatu. Imaammata uummataa bu'aa qabeessummadhan rakkoowaan hiikuuf akkasumas sadarkaa qulqullinna jirenya fooyyessa; garaa biraatin namootaaf haawaasaa miidhuu danda'a

King County tiin human fuundurratti deemsisuuf, badhaadhina fi nageenya warra gurraachaa fi dhalatoota lafa kanaa bifa alluu, akka jiraattotni King County martuu dagaaganiif iddoowwan imaammata kanaa gadi jiran dursiisa. Tarkaaffiwan imaammataa gad-fageenyan fi ajandaa imaammataa gutuun torbeewwan dhufan keessatti caalan qoodamu

- Akaataa seera yakkaa **qurranno yakkaa**
- Misooma dinagdee
- Fayyaa hawaasaa, Fayyaa amalaa fi mana jireenyaa
- Bu'uraalee misoomaatiif nannoo

Dabalata bal'aafi, ajandaa imaammataa, akkasumas odeeffannoon addaa waa'ee baasii hojii weeksayiitii Office of Performance, Strategy & Budget irratti gallakifamuu labsii bajata bara 2021-2022 Fulbaana guyyaa 22 booda ni argama.